**Dambii Lakk. 141/2004**

# Dambii Bulchiinsa Invastimantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteesuuf Bahee

Sochii Invastimantii Naannoo Oromiyaa haala seera qabeessa ta'ee fi iftoomina qabuun gaggeessuun; akkasumas piroojaktoota guddina diinagdeetiif shoora olaanaa qabaniif sirna deeggarsi itti fufiinsa qabuu kennamuu fi hodofii itti taasifamu diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Aangoo fi gahee hojii qaamoolee bulchiinsa invastimantii Naannichaa sadarkaa adda addaa irra jiran ifaan kaa'uun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Akkaataa Labsii Bulchiinsa Invastimantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 138/2000 keewwata **18(1)** tiin dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko

## Tumaalee Waliigalaa

### 1. Mata Duree Gabaabaa

- Dambiin kun "Dambii Bulchiinsa Invastimantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteesuuf Bahe Lakk. 141/2004" jedhamee waamamuu ni danda'a.

### 2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee dambii kana keessatti:

1. **"Qaamolee Bulchiinsa Invastimantii"** jechuun qaamolee Bulchiinsa Invastmantii Labsii Lakk.138/2000 keewwata 4 jalatti tarreeffaman fi seerotaa birootiin gahee qaban jechuudha.
2. **"Invastara"** jechuun nama dhuunfaa yookaan dhaabbata qaama seerummaa qabu ta'ee heyyama invastimantii kan qabu fi hoji i invastimantii irratti kan bobba'e jechuudha.
3. **"Jijjiirraa Gosa Piroojaktii"** jechuun pirojektii invastimantii heyyama argate ta'ee gutummaa guutuutii yookaan gartokkeen ulaagaa barbaachisu guutee fudhatama argachuun gosa pirojektii invastimantii biraatti jijjiirame jechuu dha.
4. **"Jijjiirraa Maqaa Abbaa Qabiyyummaa"** jechuun invastarri tokko lafa misooma qonnaa midhaan yeroo yeroodhaan irraa omishamu osoo hin dabalatin mirga itti fayyadama lafaa qabeenya dhaabbataa irratti misoomse wajjiin Invastara biraatiif dabarsuuf gaaffii dhiheesse yookaan dhaabbata dhunfaa hundeessee maqaan akka jijjiiramuuf gaaffii dhiyeessee fudhatama yoo argate jechuudha.

5. **"Boordii"** jechuun Boordii Invastimantii Oromiyaa akkaataa labsii Lakk.138/2000 fi dambii kanaan hundaa'e jechuudha.
6. **"Komishinii"** jechuun Komishinii Invastimantii Oromiyaa fi caasaalee isaa sadarkaa sadarkaan jiran jechuudha.
7. **"Lafa Qonnaa"** jechuun lafa magaalaas ta'e kan baadiyaa tajaajila misooma qonna invastimantii adda addaatiif oolu jechuudha.
8. **"Lammii Biyya Alaa"** jechuun nama dhalootaa fi lammummaan isaa Itiyoophiyaa hin ta'in jechuudha.
9. **"Lafa Istookii keessa Jiru"** jechuun lafa hojii invastimantiitiif akka oolu qaama dhimmi ilaalun qoratamee adda bahee tajaajila kennu danda'uu waliin qaamolee bulchiinsa invastimantii sadarkaa adda addaa irra jiraniif kennamee kuusaa lafaa keessatti galmaa'ee argamu jechuudha.
10. **"Koree Investimantii Magaalaa"** jechuun koree invastimantii magaalaa itti waamani isanii Naannoo yookiin Godinaaf ta'e jechuu dha.

**3. Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun qaamota hojii invastimantii irratti bobba'aniifi dhimma kanarratti gahee qaban hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama

## Qaamolee Bulchiinsa Invastimantii

### 4. Gurmaa'ina

Bulchiinsi Invastimantii Naannichaa akkaataa dambii kanaatiin gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata.

1. Boordii Invastimantii
2. Komishinii Invastimantii
3. Koree Invastimantii Godinaa
4. Waajjira Invastimantii Godinaa
5. Koree Invastimantii Magaalaa
6. Waajjira Invastimantii Magaalaa Itti waamamni isaa Naannoof ta'ee
7. Waajjira Invastimantii Magaalaa Itti waamamni isaa Godinaaf ta'ee
8. Koree Invastimantii Aanaa
9. Waajjira Invastimantii Aanaa

## 5. Hundeeffama fi Miseensota Boordii

1. Boordiin sochii hojii invastimantii hoogganu kan miseensota armaan gadii qabu hundaa'eera:
   a) Pireezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa naannichaa ----------------------Walitti qabaa;
   b) Hoogganaa Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa _____________Miseensa ;
   c) Hoogganaa Biiroo Lafaa Baadiyaa fi Eegumsa Nannoo ___________Miseensa ;
   d) Hogganaa Dhaabbata Bosonaafi Bineensa Oromiya_____________Miseensa
   e) Komshinara komshiinii Barnoota fi Lenjii Tekenika fi Ogumma________Miseensa
   f) Komishinarii Komishinii Invastimentii_______________Barreessaa fi Miseensa
   g) Qama Barbachisa irraa kan Pirezidaantiidhaan Moggaafaman nama lama-- Miseensa
2. Walitti qabaan bakka ofii argamuu hindandeenyetti miseensota keessaa bakka buusuu ni danda'a.

## 6. Aangoo fi Gahee Hojii Boordii

Boordichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1. Gaaffii lafa misooma invastimantii komishiiniin xiinxalamee dhiyaatuuf irratti hundaa'uun murtii ni kenna;
2. Lafa ijaarsa hoteelaa,risoortii, loojii, riil isteetii, mana yaalaa sadarkaa adda addaa, manneen barnootaa oolmaa daa'immanii irraa hanga **Yunivarsiitii,** Warshaalee Omishaa fi Agroo–prosasiingii fi qonna akaakuu adda addaatifi kana fakkaataniif oolu irratti murtii ni kenna;
3. Invastara lafa invastimantii kennameef irratti ijaarsa xumuree qaama biraaf heyyama komishinichaatiin ala kireesse yookaan omisha yookaan tajaajila kennuu osoo hin jalqabin waggaa tokkoo fi isaa ol ture gabaasa dhihaatu irratti hundaa'uun murtii ni kenna;
4. Invastara lafa tajaajila qonna adda addaa kan roobaan misoomuuf kennameef irratti oomisha erga jalqabee booda addaan kutee waggaa tokkoof turee yookaan hayyama komishinichaatiin ala qaama biraatiif dabarse yookin tajaajila biraatiif oolche irratti gabaasa dhiyaatuuf irratti hundaa'ee murtii ni kenna,
5. Invastara lafa qonnaa akaakuu adda addaa kan jallisiin misoomu irratti erga sochii jalqabee booda addaan kutee ji'a jahaa fi isaa ol ture yookiin tajaajila biraatiif oolche yookiin heyyama komishinichatiin ala qaama biraatiifi dabarsee irratti gabaasa qulqullaa'ee dhihaaterratti hundaa'ee murtii ni kenna,

6. Lafa misooma invastimantii Naannicha keessatti argamu qaama dhimmi ilaallatuun qoratamee akka adda bahu murtii ni kenna , murtiin kennames hojii irra ooluu isaa ni hordofa, istookii Komishinii keessatti akka galmaa'u ni mirkaneesa;
7. Komii Invastaraa Komishinichaan furmaata argachuu hin dandeenye irratti murtii dhumaa ni kenna;
8. Barbaachisaa ta'ee yoo argame aangoo fi gahee hojii isaa keessaa Qaamolee Bulchiinsa invastimantiitiif bakka bu'iinsa kennuun akka hojjatan ni taasisa;
9. Tumaaleen armaan olii akkuma jiranitti ta'anii proojaktoonni murtii ariifachiisaa argachuu qabanii fi haala addaatiin ilaalaman qajeelfama walitti qabaan Boordii qofaan hojiirra ooluu ni danda'u.

**7. Sirna Walgahii fi Murtii Boordii**

1. Boordichi ji'atti al tokko walgayii idilee kan qabaatu ta'ee akka barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa adeemsisuu ni danda'a
2. Waamichii fi ajandaan walgahichaa yoo xiqqaate guyyaa walgahii guyyaa lamaan dursee miseensota dhaqabuu qaba,
3. Walgahiin Boordinchaa miseensota keessaa harki caalmaan yoo argaman gaggeeffamuu ni danda'a
4. Murtiin Boordichaa Sagalee caalmaatiin(50+1) kan darbu ta'ee sagaleen walqixa yoo ta'e yaanni garee walitti qabaan deeggaree murtii Boordichaa ta'a,
5. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee miseensi yaadni garaagarumaa akka qabamuuf barbaadu yoo jiraate yaanni guutuun galmaa'ufii qaba.
6. Murtiin Booridichaa qaboo yaa'itiin erga qabamee booda guyyaa walgahichaa irraa kaasee yoo baay'ate guyyoota shan keessatti miseensota walgahiirratti hirmaatan hundaan mallattaa'uu qaba, Osoo hin mallattaa'in hojiirra ooluu hin danda'u;
7. Murtiin Boordichi dhimma kenninsa lafaa irratti kennuu qaama dhimmi ilaaluf kan raabsamu mallattoo komishinara komishinichaatiin ta'ee guyyaa murtaa'ee irraa kaasee guyyaa kudhan (10) keesatti qaama dhimmi ilaalu hundaaf dabruu qaba.
8. Qaboon yaa'ii Boordichaa Komishinii Invastimantii Oromiyaa qindaa'ee kuufamuu qaba;

**8. Aangoo fi Hojii Komishinii**

1 Murtii Boordii irratti hundaa'uudhaan Komishiniin dhimmoota armaan gadii irratti waligaltee ni mallateessa, ni bulcha,ni hordofa, ni deeggara, ni too'ata, barbaachisaa ta'ee yoo argame waliigaltee ni diiga;

a) Pirojectoota invastimantii boordiidhaan murtaayan kamiiyuu
b) Lafa misooma invastimantiitiif oolu invastara lammii biyya alaatiif akka kennamu murtaa'e kamiyyuu;

c) Lafa misooma invastimantiitiif oolu invastara biyya keessaa kan ivastara biyya alaa waliin qindaa'ee hojjatuuf akka kennamu murtaa'e,

d) Lafa misooma qonnaa akaakuu adda addaatiif akka kennamu murtaa'e hektaara 250 fi isaa ol ta'e;

e) Lafa misooma invastimantii industirii kamifiyyuu akka kennamu Murtaa'e hektaara ½ fi isaa ol ta'e ;

f) Lafa misooma invastimantii tajaajial hoteela, risoortii, loojii abba urjii sadiifi isaa ol ta'ee fi riil isteetiif akka oolu murtaa'e;

g) Lafa misooma invastimantii ijaarasa hospitaalaa, yunivarsitii fi kolleejotaaf akka kennamu murtaa'e;

h) Kan keewwata kana qubee **'D'** jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee qonna jallisiidhaan misoomu yoo ta'e lafa invastaraa akka kennamu murtaa'e hektaara **250** gadii irratti;

i) Kan keewwata kana qubee **'E'** jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee industirii teknoologii babal'isuudhaanis ta'e bu'aa argamsiisun haala addaatiin ilaalamu yoo ta'e lafa bal'inni isaa hektaara ½ gadi ta'e kamiiyyuu irratti.

2. Gaffii lafaa irratti hundaa'uun pirojaktoota dhiyaatan hunda ni xiinxala, pirojektoota ulaagaa kaayame guutan murtii akka argataniif Boordiif ni dhiyeessa, yammuu murtaa'u hojii irra ni oolcha;
3. Komii invastaraa simatee ni xiinxala, ni murteessa, kan humnaa ol ta'e Boordiif ni dhiyeessa, yoo murtaa'e hojii irra ni oolcha;
4. Carraalee invastimantii naannichaa ni qorata, ni qindeessa, hojii beeksisaa ni hojjata.
5. Barbaachisaa ta'ee yoo argame angoo fi gahee hojii isaa keessaa caasaalee isaatiif bakka bu'iinsa kennuun akka hojjatan ni taasisa,
6. Gaafii fi fedhii lafa invastimantii ilaalchisee karoora qophii lafaa qopheessuun Biiroo Lafaa fi Eegumsa Naannoo fi Bulchiinsa magaalaatiif ni dhiyeessa; yemmuu qophaayee dhiyaatuf istookii keessatti ni galmeessa; lafa galmaa'e irratti invastaroota ni keessummeessa.
7. Qajeelfama Boordiin baasurratti hundaa'un jijjiirraa gosa piroojaktootaa, maqaa piroojaktootaafi abbummaa qabiyyee qaama dhimmi ilaalu wajjin ni raawwata.
8. Galiin kiraa yookiin liizii lafichaa akka sassaabamu waajjira galiiwwan iddoo lafichi itti argamu jiruuf waliigaltee invastara wajjin mallatteesse ni erga, gahuu isaa fi galiin sassaabamaa jiraachuu isaa ni hordofa, yoo rakkinni jiraate Boordiif ni dhiyeessa, murtii argames hojiirra ni oolcha, akka hojiirra oolu ni taasisa;
9. Waraqaan ragaa abbummaa qabiyyee yeroodhaan akka kennamuufi lafti invastara harka akka gahu waliigaltee invastara wajjin mallatteesse lafa magaalaa yoo ta'e bulchiinsa

magaalaatiif, kan baadiyaa yoo ta'e Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannootiif ni erga, waraqaan ragaa kennamuufi lafti harka gahuu isaa ni hordofa, yoo rakkoon jiraate Boordiif ni dhiyeessa, murtii kenname hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa;

10. Lafa invastaraaf kenname ilaalchisee beenyaan shalagamee akka dhiyaatu Biiroo Lafaafi Eegumsa Naannoo ni beeksisa, tilmaamni beenyaa dhiyaate akka kafalamu ni taasisa, kafalamuu isaas ni mirkaneessa;
11. Gaafii Piroojaktoota investimantii kamiiyuu osoo murtii Boordii hin argatin dura invastaroonni qorannoo miidhaa naannoo akka qopheessan ni taasisa, akka xiinxalamuuf Biiroo Lafaa fi Eegumsa Naannootiif ni erga; bu'aa isaa wajjiin boordiif ni dhiyeesa.
12. Piroojaktoota invastimatnii deeggarsa barbaadaniif deeggarsa barbaachisu ni kenna.
13. Proojaktoonni heyyamaa fi lafa argatan yeroodhaan hojii qabatan maatti akka galdaa, kan hojii eegalan itti fufiinsa akka qabaatan ni hordofa, deeggarsa ni kenna.

## 9. Miseensota Koree Invastimantii Godinaa

1. Korichi miseensota armaan gadii ni qabaata:

a) Bulchaa Godinichaa _______________________________________Walitti qabaa;
b) Itti GaafatamaaWaajjira Industirii fi Misoma Magalaa__________ Miseensa
c) Itti GaafatamaaWaajjira Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Nannoo ____________Miseensa;
d) Itti Gaafatamaa Waajjira Invastimantii ______________________Barreessaa fi Miseensa;
e) Qama barbachisaa ta'ee argame irra kan Bulchaadhaan Moggaafamu nama tokko ___Miseensa

## 10. Aangoo fi Hojii Koree Invastimantii Godinaa

Koreen Invastimantii Godinaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1. Gaaffii lafa invastimantii Waajjira Invastimantiittiin dhiyaate ilaaluun yaada murtii komishiniif ni dhiyeessa; Komii invastaraa humna Waajjira Invastimantii Godinichaatii ol ta'an irratti murtii ni kenna, kan humna isaatii ol ta'e komishiniif ni erga;
2. Yaada murtii Waajjira Invastimantii irraa dhiyaatuuf irratti hundaa'uun akkaataa barbaachisummaa isaatti waliigalteen akka diigamu yaada murtii komishiniif ni erga, raawwii isaa ni hordofa, ni gabaasa;
3. Lafa invastimantii godincha keessatti argamu qaama dhimmi ilaallatuun qoratamee akka adda bahu ni taasisa, raawwii isaa ni hordofa, istookii Waajjira Invastimantii keessatti akka galmaa'u ni taasisa, gabaasni Komishiniif akka ergamu ni taasisa;
4. Jijjiirraa maqaa piroojaktii, gosa piroojaktiifi dabarsa mirga abbummaa qabiyee irratti yaada murtii ni kenna, komishiniif akka dhiyaatu ni taasisa.

5. Aangoo fi gahee hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf kamiyyuu itti gaafatamummaan ni rraawwata, raawwii isaas ni gabaasa;
6. Raawwii hojii invastimantii godinichaa yeroo yeroon komishiniif ni gabaasa;

**11. Aangoo fi Hojii Waajjira Invastimantii Godinaa**

1. Murtii Boordii irratti hundaa'uun dhimmoota armaan gadii irratti waliigaltee ni mallatteessaa, ni mirkaneessa, nigalmeessa, ni bulcha, ni hordofa, ni deeggara, waliigalteen akka diigamu yaada ni dhiyeessa:
   a) Lafa misooma qonnaa akaakuu adda addaatiif akka kennamu murtaa'e hektaara 250 gadi ta'e.
   b) Lafa misooma invastimantii idustirii kamifiyyuu akka kennamu hektaara ½ meetira gadi ta'e;
   c) Lafa misooma invastimantii tajaajiala ijaarsa gamoowwanii fi hoteelota abbaa urjii sadii gadi jiraniif akka olu murtaa'e;
   d) Lafa misooma invastimantii horsiisa fi gabbisa beeyladaa, lukkuu, daakkiyyee, booyyee, kanniisa, raammoo haarrii fi kan kana fakaataniif akka kennamu murtaa'e; kan hektaara 1 gadii irratti gaggeeffamaniif
   e) Lafa misooma invastimantii ijaarasa buufata fayyaa fi kiliinika beeyiladaatiif, manneen barnoota Oolmaa Daa'immanii irraa eegalee hanga teeknikaa fi ogummaatiif akka kennamu murtaa'e;
2. Gaaffii lafaa irratti hundaa'uun pirojaktoota dhiyaatan ni simata, pirojktoota ulaagaa fi ragaalee guutan murtii akka argataniif Koreef ni dhiyeessa, yoo murtaa'e yaada murtii Koree waliin guyyaa torba keessatti Komishiniif ni erga, raawwii isaa ni hordofa;
3. Yaada murtii Koree Invastimantii Aanotaa fi Magaalotaa dambii kana keessatti itti waamamni isaanii Godinaaf ta'e irraa dhiyaatu ni qindeessa, Koree Godinaaf ni dhiyeessa, yaada murtii Koree waliin guyyaa torba keessatti Komishiniif ni erga, raawwii isaa ni hordofa;
4. Hojii deeggersaa fi hordoffii projaktoota invastimantii haala itti fufiinsa qabuun ni gaggeessa, raawwii hojii ji'a ji'aan Komishinii fi Koreef ni gabaasa;
5. Komii invastaraa ni simata, ni xinxala, murtii ni kenna, kan humnaa isaatii ol ta'e Koreef ni dhiyeessa ,yoo murtaa'e hojii irra ni oolcha;
6. Carraawwan hojii misooma invastimantii godinichaa ni qorata, ni qindeessa, hojii beeksisaa ni hojjata;

7. Lafa misooma invastimantii godinicha keessatti argamu qaama dhimmi ilaallatuun qoratamee adda bahee dhiyaateef istookii keessatti ni galmeessa, invastarri yeroo dhiyaatu simachuun carraa istookii keessa jiru irratti ni keessummeessa, ni gabaasa;
8. Ragaalee dhimma invastimantii fi qaboo yaa'ii Koree sirnaan ni ka'a, hojii irra olmaa murtii kennamanii ni hordofa, Komishinii fi Koree Godinaatiif ni gabaasa;
9. Galiin kiraa yookiin liizii lafichaa akka sassaabamu waajjira galiiwwan iddoo lafichaatti argamuuf waliigaltee invastara wajjin mallatteesse ni erga, gahuu isaa fi galiin sassaabamuu isaa haala itti fufiinsa qabuun ni hordofa, yoo rakkinni jiraate koreef ni dhiyeessa, murtii korichaa hojiirra ni oolcha;
10. Waraqaan ragaa abbummaa qabiyyee akka kennamuufi lafti yeroodhaan invastara harka akka gahu waliigaltee invastara wajjin mallatteesse kan magaalota bulchiinsa magaalotaaf kan baadiyaa Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Godinaatiif ni erga waraqaan ragaa kennamuufi lafti invastara harka gahuu isaa ni hordofa, yoo rakkoon jiraate koreef ni dhiyeessa, murtii koree hojiirra ni oolcha, akka hojiirra oolu ni taasisa;
11. Lafa invastaraaf kenname ilaalchisee beenyaan tilmaamamee akka dhiyaatu Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo godinaatiif ni beeksisa, tilmaamni beenyaa dhiyaate akka kafalamu ni taasisa, kafalamuu isaas ni mirkaneessa,
12. Piroojaktoota investimantii kamiiyuu murtiif gara qaama dhimmi ilaauu osoo hin dhiyaatin dura invastaroonni qorannoo miidhaa naannoo akka qopheessan ni taasisa, akka xiinxalamuuf Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo godinaatiif ni erga; bu'aa isaa wajjiin qaama ilaaluuf ni dhiyeesa.
13. Proojaktoonni heyyamaa fi lafa argatan yeroodhaan hojii qabatamaatti akka galan, kan hojii eegalan itti fufiinsa akka qabaatan ni taasisaa, ni hordofa, deeggarsa ni kenna.

### 12. Miseensota koree Invastimantii Magaalota itti Waamamni isaanii Naannoo yookaan Godinaaf ta'e

1. Korichi miseensota armaan gadii ni qabaata:
   a) Kantiibaa Magaalichaa ............................................................................Walitti qabaa;
   b) Itti Gaafatamaa Waajjira Industirii fi Misooma Magaallaa ....................... Miseensa;
   c) Itti Gaafatamaa Waajjira Lafa Magaalaa fi Eegumsa Naannoo ................ Miseensa;
   d) Hoji–Gaggeessaa Bulchiinsa Magaalaa ................................................... Miseensa;
   e) Itti Gaafatamaa Waajjira Barnoota fi Leenjii Tekinika fi Oguma ............ Miseensa;
   f) Itti Gaafatamaa Waajjira Investimantii .....................Barreessaa fi barreessa fi Miseensa.
   g) Qaama barbaachisaa ta'ee argame irra kantiibaadhaab kan Moggaafamu nama tokko Miseensa;

**13. Aangoo fi Hojii Koree Invastimantii Magaalota Itti Waamamni isaani Naannoodhaaf ta'e Korichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:**

1. Gaaffii lafa invastimantii dhiyaate irratti yaada murtii kennuun Komishiniif akka dhiyaatu ni taasisa;
2. Komii dhimma invastimantii ilaalchisee dhiyaatee fi humna Waajjira invastimantii Magaalichaatii ol ta'e xiiinxaluun murtii ni kenna, kan humna isaatii ol ta'e Komishiniif ni erga;
3. Yaada murtii Waajjira invastimantii magaalichaatiin dhiyaatuuf irratti hundaa'uun akkaataa barbaachisummaa isaatti waliigalteen akka diigamu yaada murtii kennuun komishiniif akka dhiyaatu nitaasisa, raawwii isaa ni hordofa, ni gabaasa;
4. Lafa misooma invastimantii magaalicha keessatti argamu qaama dhimmi ilaallatuun qoratamee akka adda bahu ni taasisa, raawwii isaa ni hordofa, istookii Waajjira invastimantii keessatti akka galmaa'u ni taasisa;
5. Jijjiirraa maqaa piroojaktii, gosa piroojaktii fi dabarsa mirga abbummaa qabiyyee irratti yaada murtii ni kenna, komishiniif akka dhiyaatu ni taasisa.
6. Aangoo fi gahee hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf kamiyyuu itti gaafatamummaan ni raawwata, raawwii isaas ni gabaasa;
7. Raawwii hojii misooma invastimantii magaalichaa yeroo yeroon Komishiniif ni gabaasa;

**14. Aangoo fi Hojii Waajjira Invastimantii Magaalaa Itti Waamamni isaanii Naannoodhaaf Ta'e**

1. Murtii Boordii irratti hundaa'uun dhimoota armaan gadii irratti waliigaltee ni mallatteessaa, ni mirkaneessa, ni galmeessa, ni bulcha, ni hordofa, ni deeggara, waliigalteen akka diigamu yaada murtii koreedhaaf ni dhiyeessa,
   a) Lafa invastimantii idustirii kamiyyuuf akka kennamu murtaa'e hektaara ½ gadi ta'e;
   b) Lafa invastimantii tajaajial ijaarsa gamoowwanii fi hoteelota abbaa urjii sadii gadi jiraniif akka olu murtaa'e;
   c) Lafa invastimantii ijaarasa buufata fayyaa fi kiliinika beeyiladaa, Manneen barnoota oolmaa daa'immanii irraa eegalee hanga teeknikaa fi ogummaattif akka kennamu murtaa'e ;
   d) Lafa Misooma invastimantii kan akka iddoo bashananaa, supparmaarkeetii fi Kafteeriyaa akka kenamu murtaa'e hektaara ½ gadii ta'e
2. Gaaffii lafaa irratti hundaa'uun piroojektoota dhiyaatan ni simata, ni xinxala, ni qindeessa,

3. Piroojektiin ulaagaa guute murtii akka argatu Koreef ni dhiheessa, yaada murtii korichaa guyyaa torba keessatti Komishiniif ni erga, raawwii isaa ni hordofa;
4. Hojii deeggersaa fi hordoffii pirojaktoota invastimantii haala itti fufiinsa qabuun ni gaggeessa, raawwii hojii ji'a ji'aan Komishiiniif ni gabaasa;
5. Komii dhimma invastimantiin wal qabate ni simata, ni xiinxala, murtii ni kenna, kan humnaa isaatii ol ta'e Koreef ni dhiyeessa, yoo murtaa'e hojii irra ni oolcha;
6. Carraawwan hojii misooma invastimantii Magaalichaa ni qorata, ni qindeessa, hojii beeksisaa ni hojjata;
7. Lafa invastimantii magaalicha keessatti argamu qaama dhimmi ilaallatuun qoratame adda bahe istookii keessatti ni galmeessa, invastara ulaagaa guuteef carraa kennuun Komishiniif ni gabaasa;
8. Raagalee dhimma invastimantii fi qaboo yaa'ii Koree sirnaan ni ka'a, hojii irra olmaa murtii kennamanii ni hordofa, **Komishinii** fi **Koree Godinaatiif** ni gabaasa;
9. Lafa invastaraafi kennamerraa galiin liizii yookiin kiraa akka sassaabamu waliigaltee invastara wajjin mallatteesse **Waajjira Galiiwwan** magaalichaatiif ni erga, gahuu isaafi galiin sassaabamaa jiraachuu isaas haala itti fufiinsa qabuun ni hordofa, rakkinni yoo jiraate koreef ni dhiyeessa, murtii koree hojiirra ni oolcha, akka hojiirra oolu ni taasisa;
10. Waliigaltee invastara wajjin ni mallatteessa yoo rakkoon jiraate koreef ni dhiyeessa, murtiin korichaas akka hojiirra oolu qaama dhimmi ilaalu nibeeksisa, raawwii isaas ni hordofa,
11. Lafa invastaraaf kenname ilaalchisee beenyaan tilmaamamee akka dhiyaatu qaama dhimmi ilaaluu ni beeksisa, tilmaamni beenyaa dhiyaate akka kafalamu ni taasisa, kafalamuu isaas ni mirkaneessa;
12. Gaafii Piroojaktoota investimantii dhiyaate kamiiyuu invastaroonni qorannoo midhaa naannoo akka qopheessan ni taasisa, akka xiinxalamuuf Waajjira Lafaafi Eegumsa naannoo Godinaaf ni erga; bu'aa isaa wajjiin qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeesa.

**15. Aangoo fi Hojii Koree Invastimantii Magaalaa Itti Waamamni isaanii Godinaaf Ta'e**

**Korichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:**

1. Gaaffii lafa invastimantii Waajjira Invastimantiitiin qindaa'ee dhiyaatuuf irratti yaada murtii ni kenna,**Waajjira Invastimantii Godinaatiif** akka ergamus ni taasisa;
2. Komii sochii invastimantii irratti dhiyaatu kan humna Waajjira Invastimantii Magaalichaatii ol ta'an irratti murtii ni kenna, kan humna isaatii ol ta'e irratti yaada murtii waliin Waajjira Invastimantii Godinaaf ni dabarsa;
3. Yaada murtii Waajjira Invastimantii irraa dhiyaatuuf irratti hundaa'uun akkaataa barbaachisummaa isaatti waliigalteen akka diigamu yaada murtii waliin Waajjira Invastimantii Godinaaf ni erga;
4. Lafa invastimantii Magaalicha keessatti argamu qoratamee akka adda bahu ni taasisa, raawwii isaa ni hordofa, istookii Waajjira invastimantii keessatti akka galmaa'u ni taasisa, qaama dhimmi ilaaluuf gabaasa ni dabarsa;
5. Aangoo fi gahee hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf kamiyyuu itti gaafatamummaan ni raawwata, raawwii isaas ni gabaasa;
6. Raawwii hojii invastimantii Magaalichaa yeroo yeroon qaama ilaaluf gabaasa ni dhiyeesa

## 16. Aangoo fi Hojii Waajjira Invastimantii Magaalaa Itti Waamamni Isaanii Godinaaf Ta'e

1. Gaaffii lafaa irratti hundaa'uun pirojaktoota dhiyaatan ni simata, pirojaktoota ulaagaa fi ragaalee guutuu qaban murtii akka argataniif Koreef ni dhiheessa, yoo murtaa'e yaada murtii Koree wajjin guyyaa torba keessatti waajjira invastimantii Godinaatiif ni erga, raawwii isaas ni hordofa;
2. Hojii deeggersaa fi hordoffii pirojaktoota invastimantii haala itti fufiinsa qabuun ni gaggeessa, raawwii hojii ji'a ji'aan Waajjira Invastimantii godinaatiif ni gabaasa;
3. Komii sochii invastimantiin walqabatee dhiyaatu ni simata, qaamaan bakka piroojektichaatti argamuun furmaata ni kenna, kan humna isaatii ol ta'e Koree invastimantii godinaatiifi dhiyeessa, yammuu murtaa'u hojii irra ni oolcha;
4. Carraawwan hojii invastimantii Magaalichaa ni qorata, ni qindeessa, hojii beeksisaa ni gaggeessa;
5. Lafa misooma invastimantii Magaalicha keessatti argamu qaama dhimmi ilaallatuun qoratamee adda bahe fudhachuun istookii keessatti ni galmeessa,carraa istookii keessa jiru ilaalchisee invastaraaf odeeffannoo ni kenna,iyyata dhiyaatu murtii akka argatu Koreef ni dhiyeessa, Waajjira Invastimantii godinaatiif ni gabaasa;
6. Qaboo yaa'ii Koree sirnaan ni qaba, hojii irra oolmaa murtiiwwanii ni hordofa, ni gabaasa;
7. Aangoo fi gahee hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf kamiyyuu itti gaafatamummaan ni raawwata, raawwii isaas ni gabaasa;

## 17. Miseensota Koree Invastimantii Aanaa

1. Korechi miseensota armaan gadii ni qabaata:

   a) Bulchaa Aanichaa ------------------------------------------------------------Walitti qabaa;

   b) Itti GaafatamaaWaajjira Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Nannoo ________Miseensa;

c) Itti GaafatamaaWaajjira Industirii fi Misoomsa Magaalaa___Miseensa ;
d) Itti Gaafatamaa Waajjira Invastimantii _______Barreessaa fi Miseensa;
e) Qama Barbachisa ta'ee Argamerra Bulchaadhaan kan Moggaafamu nama tokko _____Miseensa

**18. Aangoo fi Hojii Koree Invastimantii Aanaa**

**Korichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:**

1. Gaaffii lafa invastimantii Waajjira Invastimantii Aanaatiin qindaa'ee dhiyaatuuf irratti yaada murtii kennuun Waajjira Invastimantii Godinaatiif akka dhiyaatu ni taasisa;
2. Komii sochii invastimantii irratti dhihaatu kan humna Waajjira Invastimantii Aanichaatii ol ta'an irratti murtii ni kenna, kan humna isaatii ol ta'e yaada murtii waliin Waajjira Invastimantii Godinaaf ni dabarsa;
3. Yaada murtii Wajjira Invastimantii irraa dhiyaatuuf irratti hundaa'uun akkaataa barbaachisummaa isaatti waliigalteen akka diigamu yaada murtii waliin Waajjira Invastimantii Godinaaf ni erga;
4. Lafa invastimantii Aanicha keessatti argamu qaama dhimmi ilaallatuun akka adda bahu ni taasisa, qoratamee dhihaachuu isaa ni hordofa, akkasumas istookii Waajjira Invastimantii keessatti akka galmaa'u ni taasisa, gabaasa **Waajjira Inavstimantii Godinaaf** akka darbu ni taasisa;
5. Aangoo fi gahee hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf kamiyyuu itti gaafatamummaan ni raawwata, raawwii isaas ni gabaasa;
6. Raawwii hojii invastimantii Aanichaa yeroo yeroon Waajjira Invastimantii Godinaaf ni gabaasa;

**19. Aangoo fi Hojii Waajjira Invastimantii Aanaa**

- Waajjirichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
  1. Gaaffii lafaa irratti hundaa'uun pirojektii invastimantii ulaagaa guutee dhiyaate Koreef ni dhiyeessa, yaada murtii Koree guyyaa torba keessatti Waajjira Invastimantii Godinaatiif ni erga, raawwii isaa ni hordofa;
  2. Hojii deeggersaa fi hordoffii pirojaktoota invastimantii haala itti fufiinsa qabuun ni gaggeessa, raawwii hojii ji'a ji'aan Waajjira Invastimantii Godinaaf ni gabaasa;
  3. Komii sochii invastimantiitiin walqabatee dhiyaatu ilaalchisee furmaata ni kenna, kan humna isaatii ol ta'e Koree Invastimantii Aanichaatiif ni dhiyeessa; yoo murtaa'es hojii irra ni oolcha;
  4. Carraawwan hojii Invastimantii Aanichaa ni qorata, ni qindeessa, hojii beeksisaa ni hojjata;
  5. Lafa invastimantii Aanicha keessatti argamu qaama dhimmi ilaaluun qoratamee dhiyaateef istookii keessatti ni galmeessa, carraa istookii keessa jiru ilaalchisee invastaraaf odeeffannoo ni kenna, iyyata dhiyaatu murtii akka argatu Koreef ni dhiyeessa, ni gabaasa;
  6. Ragaalee fi Qaboo yaa'ii Koree sirnaan ni qaba, hojii irra olmaa murtii kennamee ni hordofa, ni gabaasa;
  7. Aangoo fi gahee hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf kamiyyuu itti gaafatamummaan ni raawwata, raawwii isaas ni gabaasa.

## 20.Kenniinsa Heyyama Invastimantii

Daangaa aangoo kennameef irratti hundaa'uudhaan Komishiniin, Waajjirri Invastimantii Godinaa fi Magaalota itti waamamni isaanii naannoof ta'e heyyama invastimantii ni kenna, ni galmeessa,ni haaromsa, qajeelfama Boordiin baasu irratti hundaayee ni jijjiira, ni haqa,

## 21. Sirna Walgahii fi Murtii Koreewwan Invastimantii

1. Koreewwan invastimantii sadarkaa addaa addaa ji'a keessatti yeroo lama walgahii idilee kan qabaatan ta'ee akkuma barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa adeemsisuu ni danda'u,
2. Waamichi walgahichaa fi ajandaan walgahii guyyaa tokkoo dursanii miseensoota dhaqqabbuu qabu,
3. Walgahiin koreewwan invastiamntii sadarkaa kamiiyyuu miseensota keessaa harki caalmaan (50+1) yoo argaman adeemsifamuu ni danda'a.
4. Murtiin koree invastimantii sagalee caalmaan kan darbu ta'ee sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni garee walitti qabaan deggaree murtii korichaa ta'a,
5. Kan keewwata Kana (4) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee miseensii yaada addaa qabu yoo jiraate yaanni isaa guutuun akka galmaa'uf ni taasifama,
6. Murtiiwwan koreewwan invastimantii sadarkaa adda addaa qaboo yaa'iitiin erga qabamanii booda guyyaa walgahichaa irraa kaasee yoo baay'ate guyyoota 3 keessatti miseensota walgahicha irratti hirmaatan hundaan mallattaa'uu qaba, osoo hin mallattaa'in qaama dhimmi ilaaluf dabruu hin danda'a;
7. Qaboon yaa'ii koreewwan investimantii itti gaafatamaa Waajjira Invastimantii sadarkaa sanitti argamuutiin qindaa'ee kuufamuu qaba,
8. Murtiiwwan koreewwanii komishiniidhaaf kan ergaman karaa Wajjiraalee Invastimantitiin ta'a.

# ***Kutaa Sadii***

## Mirga Itti Fayyadama Lafa Invastimantii Argachuu fi Diigama Waliigaltee

## 22. Mirga Itti Fayyadama Lafa Invastimantii Argachuu

1. Mirgi itti fayyadama lafa invastimantii kamiyyuu fudhatama kan argatu qaamolee bulchiinsa invastimantii aangoon waliigaltee mallatteessuu bu'uura dambii kanaatiin kennmee fi invastara giddutti waliigalteen yoo mallatteeffame qofa ta'a.
2. Waligalteen lafa ivastimantii irratti raawwatamu kiradhaan yookaan liiziidhaan ta'ee seera qabeessummaan isaa kan mirkanaa'u qaamolee bulchiinsa invastimantii sadarkaa sadarkaadhaan jiran daangaa aangoo isaanii keessaa osoo hin bahin yoo mallatteessanii fi waliigaltichi yoo mirkanaa'ee fi galmaa'e qofa ta'a.

3. Waliigalteen sadarkaa hundatti raawwatamu kamiyyuu unkaa fi qabiyyee waliigaltee komishiniin dhimma kanaaf qopheessee rabsu qofaan ta'a,

## 23. Waligaltee Mallatta'uun Dura Ragaalee Dhiyaachuu Qaban

Lafa invastimantii irratti waligalteen osoo hin mallattaa'in dura ragaaleen armaan gadii dhiyaachuu qabu:

1. Kooppii waraqaa eenyummaa yookaan paaspoortii invastarichaa kan haaromfame;
2. Kooppii heyyama invastimantii suuraa invastarichaa fi chaappaa qaama heyyama invastimantii kennuuf aangoo qabu of–irraa qabu;
3. Maqaa dhaabbataatiin kan mallattaa'u yoo ta'e kooppii barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaata dhaabbatichaa;
4. Kooppii xalayaa murtii lafa invastimantii kenname ibsu;
5. Beenyaan kan itti kaffalamu yoo ta'e nagahee galii beenyaan kaffalamuu isaa agarsiisu;
6. Koppii xalayaa ajajni kafaltii beenyaa ittiin kenname;
7. Karoora itti fayyadama lafaafi karoora hojii,
8. Qorannoo miidhaa naannoo;

## 24. Akkaataa Gaafiin Lafa Invastimantii Itti Dhiyaatu

1. Gaafiin lafa piroojaktii invastimantii kamiitiyyuu unkaa gaafii lafaa irratti guutamee komishiniidhaaf dhiyaachuu qaba,
2. Komishinichi guyyaa gaafiin dhiyaate irraa kaasee torban tokko keessatti qaamoleen bulchiinsa invastimantii iddoo lafichi itti argamu jiran qulqulleessanii akka deebisaniif xalayaadhaan gaafachuu qaba.
3. Qaamoleen bulchiinsa invastimantii komishiniirraa gaafiin isaan dhaqqabes guyyaa gaafiin isaan bira gaherraa kaasanii bultii torba keessatti qulqulleessanii deebisuu qabu,
4. Komishinichi ulaagaalee calallii irratti hundaa'ee piroojaktoota ulaagaa guutan murtii akka argatan Boordiif dhiheessuu qaba, kan ofiif mallatteessu qabu ni mallatteessa; kan koreelee ilaallatu akka mallatteessan xalayaadhaan ni beeksisa.

## 25. Ulaagaalee Madaallii fi Calallii Piroojaktootaa

Piroojaktiin invasitmantii kamiiyyuu murtii milkaa'inaa argachuu kan danda'u ulaagaalee armaan gadii yoo guute qofa ta'a.

1. Teknolojii ammayyaatti caalmaadhaan kan fayyadamu yoo ta'e;
2. Teknolojii ammayyaa hawaasa naannootiif dabarsuuf karoora ifa ta'e kan qabu yoo ta'e, akkasumas qonnaan bulaa naannoo fayyadamaa taasisa jedhamee yoo itti amaname.

3. Xaa'oo uumamaa qopheessufi itti fayyadamuu irratti kan xiyyeeffatuufi yaadaafi hojiimaata qonnaan bulaa ni jijjiira jedhamee kan itti amanamu yoo ta'e.
4. Piroojaktii warshaa yoo ta'e omisha qonnaan bulaa naannichaa fi bu'aa qonnaatti dhibbeentaa 75 fi sanaa ol kan fayyadamu yoo ta'e.
5. Kaapitaalli dhihaate hojii galmaan geessisuu ni danda'a jedhamee haala gabaa fi karansii yerootiin kan itti amanamu yoo ta'e.
6. Omisha isaa keessaa dhibbeentaa 50 fi sanaa ol gabaa biyya alaatiif dhiyeessuun sharafa biyya alaa kan argamsiisu yoo ta'e;
7. Lafti gaafatame piroojaktii dhiyaateef ooluun isaa kan mirkanaa'e yoo ta'e.
8. Hawaasa naannootiif carraa hojii kan babal'isuu fi itti fufiinsa kan qabu yoo ta'e.
9. Abbootiin qabeenyaa piropozaala piroojaktii isaanii haalaan qoratanii yoo dhiyeeffatanii fi ogeessaan xiinxalamee fudhatama kan argate ta'uun kan mirkanaa'e yoo ta'e.
10. Piroojaktiin dhihaate naannoo akka hin faallee taasisuuf tooftaan abbaa qabeenyaatiin dhihaate amansiisaa ta'uun isaa yoo itti amaname;
11. Qabeenya uumamaa laficharra jiru osoo hin mancaasin (hin barbadeessin) lafichatti kan fayyadamuufi itti fufiinsaan kan kunuunsu ta'uun yoo itti amaname,

## 26.Diigama Waliigaltee

1. Akkaataa waliigaltee raawwatameen invastarri hojii isaa kan hinraawwaanne yookiin hojii kan hinjalqabne yookiin lafa fudhate qaama biraatti seeraan ala kan dabarse yoo ta'e komishiniin yaada qaamni mootummaa invastaricha waliin waligaltee mallateesse dhiyessuf irratti hundaa'un waliigalticha diigudhaan laficha istookitti akka deebisiisu qaama dhimmi ilaaluu ni beeksisa.
2. Lafa invastimantii fudhate irratti ijaarsa erga xumuree booda heyyama Koomishinitiin ala invastarri qaama biraatiif yoo kireesse yookiin tajaajila biraatiif yoo oolche of-eeggannoon hanga ji'a 3 ni kennamaaf; yeroo kennameef keessatti kan hin sirreessine yoo ta'e murtii xumuraa akka argatu komishiniin dhimmicha Boordiidhaaf ni dhiyeessa, murtii Boordichaas hojiirra ni oolcha, akka hojiirra oolus nitaasisa.

3. Lafa invastimantii qonna adda addaatiif fudhatee hayyama koomishintiin ala qaama biraatiif invastarri yoo kireesse yookiin tajaajila biraatiif yoo oolche of–eeggannoon hanga ji'a 3 ni kennamaaf; yeroo kennameef keessatti kan hin sirreessine yoo ta'e komishiniin waliigalteen ni diigama; laficha gara Istookiitti akka deebisiisu qaama dhimmi ilaalu ni beeksisa.
4. Lafa invastimantii ijaarsa adda addaatiif fudhatee hojii ijaarsaa jalqabee osoo hinxumurin waggaa lamaaf invastarri yoo hojii dhaabe yookiin ijaarsa xumuree oomisha yookiin tajaajila kennuu osoo hin eegalin waggaa tokkoof yoo ture hojii isaa akka itti fufu of–eeggannoon hanga ji'a tokkoo ni kennamaaf; yeroo kennameef keessatti kan hojiitti hin galle yoo ta'e komishiniin dhimmichi murtii xumuraa akka argatu Boordiidhaaf ni dhiyeessa, murtii Boordiis hojiirra ni oolcha, akka hojiirra oolu nitaasisa, hojiirra oolmaa isaas ni hordofa;

## 27.Gadhiisisa Lafa Invastimantii Waliigalteen Isaa Diigamee

1. Dhimma tilmaamaa fi kaffaltii beenyaa yookiin dogoggora bu'uura seeraatiin walqabateen Mana Murtiitti falmii irra jiruun alatti humna dhabiinsa sochii invastarichaa irratti hundaa'ee waaliigalteen yoo diigame qaamni bulchiinsaa bakka argametti ajaja darbu irratti hundaa'uun bulchiinsi magaalaa ykn qaamni waliigaltee mallatteesse yookiin Biiroo Lafaafi Eegumsa naannoo yookiin caasaa isaa laficha ni gadhiisisa, raawwii isaas ni gabaasa, istookii qaamolee bulchiinsa invastimantii keessatti akka galmaa'u ni taasisa;
2. Diigamuu waliigaltee irratti invastarri komii qabu sababii isaa waliin guyyaa waliigaltichi diigame irraa eegalee guyyaa **digdama** (20) keessatti Komishiniitti komii isaa dhiyeeffachuu qaba komii kan dhiyeeffatu yoo ta'e ilaalamuu komichaatiin dura kafaltii liizii yookiin kiraa lafichaa ni kafala, kafaltiin kun yoo itti murtaa'es kan hin deebineef ta'a.
3. Komiashinichis komii dhiyaate qindeessuun walgahii Boordii itti aanuuf murtiif ni dhiyeessa;
4. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumameen invastarri komii isaa hin dhiheeffatin murtii qaama dhimmi ilaalun kenname akka fudhatetti lakaa'amee laficha akka gadhiisu ni dirqisiifama;

5. Sababa diigamuu waliigalteetiin lafti invastara irraa fudhatame qaama biraatiif osoo hin darbin dura rakkoowwan adda addaa irraa bilisa ta'ee **guyyoota soddomaaf (30)** istookii keessa turuu qaba;
6. Murtiin Boordiin komii haala kanan dhihaate irratti kennu murtii dhumaa ta'a.

# Kutaa Afur

# Tumaalee Adda Addaa

## 28. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Qaamni kamiyyuu hojiirra oolmaa dambii kanaatiif deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

## 29. Tumaalee Ce'umsaa

1. Hojiiwwan invastimantii osoo dambiin kun hin bahin dura jalqabamanii hojiirra jiran guyyaa dambiin kun hojii irra oolee irraa eegalee raawwiin isaanii akkaataa dambii kanaatiin ta'a.
2. Gaaffiin lafa invastimantii dambii kana dura dhiyaate fi sadarkaa kamittiyyuu murtiin itti hin kennamin guyyaa dambiin kun hojii irra oole irraa eegalee akkaataa dambii kanaatiin murtii kan argatu ta'u.

## 30. Aangoo Qajeelfama Baasuu

Dambii kana hojii irra oolchuuf Boordiin qajeelfama baasuu ni danda'a.

## 31. Seerota Raawwatiinsa Hin qabaanne

Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatni hojii dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota dambii kana keessatti haammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

## 32. Yeroo Dambiin kun Hojii Irra Itti oolu

Dambiin kun guyyaa **Muddee 20** Bara 2004 irraa eegalee kan hojii irra oolu ta'a.

**Alamaayyoo Atoomsaa**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**Guyyaa Muddee 20, Bara 2004**

**Finfinnee**